1. # Maartiin_Luuter_Kiing :

- Dukkanni dukkana hin balleessu, ifa qofatu balleessuu danda'a. J ibbi jibba hin balleessu,

jaalala qofaatu balleessuu danda'a.

- Humni guddaan diina ofii ofitti firoomfachuu nama dandeessisu jaalaladha.
- J aalalatti qabamee jiraachuuf murteesseen jira. J ibbi ba'aa ulfaataadha.

2. # Maahatama_Gaandii :

- Yeroo hundumaa yaada, dubbii fi hojii kee guutummaatti tokko gochuu yaali. Yeroo

hundumaa yaadota kee qulqulleessi, inni kaan hundinuu gaarii ta'uuf jiraa.

- Gammachuun, yeroo wanti ati yaaddu, dubbattuu fi hojjetu tokko ta'udha.
- Cubbuu jibbi, cubbamaa garuu jaalladhu.
- Eenyummaa koo guutummaatti ibsachuuf bilisummaa na barbaachisa.
- Namni dadhabaan dhiifama gochuu hin danda'u.Kan dhiifama godhu haala nama jabaadha.
- Qooda ijaa iji haa ba'u kan jedhu, guutummaa addunyaa jaamaa godha.

3. # Abrahaam_Liinken :

- Dhuma irratti kan siif lakkaa'amu waggoota jireenya kee keessa jiran miti. J ireenya waggoota

kee keessa jirudha!

- Abjuun koo, Amerikaan abdii adduunyaa kanaa yeroo taatu arguudha. Miilli kee bakka sirrii

dhaabbchuusaa mirkaneeffadhu, isa booda qajeelii dhaabadhu.

- Muka kana akkan muru sa'atii ja'a yoo naa kennitan, jahan keessaa sa'atii afran qottoo koo

qarachuudhaanan dabarsa.

- Kan na yaaddessu Waaqayyo nu cina dhaabachuu isaa miti; guddaa kan na yaachisu nuti

toora Waaqayyoo irra dhaabachuu keenyadha, Waaqayyo yeroo hundumaa sirriidha waan

ta’eef.

- Tooftaan cimaa diina ofii itti balleessan, fira ofii godhachuudhaani.
- Yeroo murtaa’eef namoota hundumaa ykn namoota muraasa gowwomsuu dandeessa ta’a,

garuu yeroo hundumaa gowwomsuu hin dandeessu.

- Abbaan abbaa kootii eenyuyyuu yoo ta’e dhimma koo miti. Kan na yaachisu ilmi ilma isaa

eenyu ta’uuf akka jirudha.

4. # Maazer_Tereezaa :

- Waaqayyo akka milkoofnu nurraa hin eegu, akka nuti milkaa’uu yaallu qofa nurraa eega.
- Namoota dhibba tokko nyaachisuu yoo dadhabde, nama tokko nyaachisi.
- Namoota nurraa fagoo jiran jaallachuun salphaadha. Warra nutti dhi’oo jiran jaallachuun

garuu yeroo hundumaa salphaa miti.

- Wanti guddaan Hammam akka kennine miti.Waan kenninetti jaalala hammamii akka

daballedha.

- Wanta gaarii ati har’a hojjetu, namoonni bor ni irraanfatu ta’a. Waanuma hundaafuu, waan

gaarii hojjedhu!

- Addunyaa keenya irraa daabboo dhabanii du’aa kan jiran hedduudha, jaalala dhabanii du’aa

kan jiran immoo isaan sana caalu.

- Wanti nuti hojjennu coba galaanaa caalaa xiqqaadha. Yoo nuti keessaa hafne garuu

galaanichi waan tokko dhabeera jechuudha.

5. # Niilsen_Maandeellaa :

- Addunyaa kana jijjiiruuf meeshaa guddaan, hunda caalaa humna qabu barnootadha!
- Namoota isaan kaan of dura buusanii ofii booda ta’anii hoogganuun gaariidha, keessumaa

yeroo injifannoo fi wantonni gaggaariin nu mudatan. Yeroo balaan jiru garuu ofii fuula dura dhaabachuun gaariidha. Isa booda namoonni hooggansa keenya ni ajaa'ibsiifatu.

- Namni tokko itti ol ba'uuf gaaronni hedduun akka isa hafan kan argu, gaara tokko erga ol ba'ee boodadha.
- Hamma hojjetanii arganitti yeroo hundumaa waan hin danda'amne fakkaata!
- Afaan inni hubachuu danda'uun nama tokkotti yoo dubbatte dubbiin kee gara mataa isaa

deema. Afaan isaatiin yoo itti dubbatte garuu dubbichi gara laphee isaa deema.

- Diina kee waliin nagaa buusuu yoo barbaadde, isa waliin hojjechuu qabda. Isa booda innuu

fira siif ta'a.

- Namoonni jajjaboon nagaaf jedhanii dhiifama gochuu hin sodaatan.
- Lammiileen ishee hamma baratanitti,biyyi guddachuu dandeessu hin jirtu.
- Abjuun koo Afrikaa nagaa qabdu arguudha.